

FAAJJII

ALDAAFIIRAA

Kontiraakteroota Arabaatiif

Damee Itoophiyaa

Finfinnee

Lakk: AD/ED/008/14

Guyyaa: 30/7/2006

Pirojektii Hojii Haaromsa Daandii Hagramaariyaam -Yaballoo Bu'uura
Waliigaltee-1 tiin Hojjetamu Ilaallata

**Dhimma: Dhimoota Pirojektichaa Hin Furamin Jira
Ilaallata**

Kabajamoo

Kaampaanii keessan waliin waliigaltee mallatteessuudhaan, saayitii pirojektii
keessanii irratti hojii waliigaltee hojjechaa akka nuti jirru ni beekama.

Waan kana ta'eef dhimmoota pirojektichaa haga ammaatti hin furamin jiran
qorattanii tarkaanfii barbaachisaa ta'an akka fudhattan isin beeksifna.

1. Ijaarsa Daandii Gara Saayitiitti Geessuu

Bu'uura waliigaltee keenyaatiin daandii gara saayitiitti geessu kan
tolchu(ijaaru) kontiraaktera olaanaadha. Haatahu malee dhimma kana irra
deddeebinee beeksisaa kan turre yoo tahe iyyuu, Kontiraakterri itti
gaafatamummaa isaa kana sirnaan raawwachaa hin jiru.



ዳንኤል ደ/የሥራ ጥሩ
ዋና ሥራ ሰሪያ
Daniel I. D. Wana
General Manager

Akkasumas dhimma kana ilaalchisee gama keessaniin bakka Hoji Gaggeessaan Pirojektii Obbo.Ayimeen fi waajjira damee keessan irraa Obbo Ihaab, gama keenyaan ammo bakka bu'aan keenya obbo Muluugeetaa fi Hoji Gaggeessaan muummee Injiinaringii obbo Ahimad bakka argamanitti Waajjira Saayitii Pirojektii kan mari'annee turre yoo tahu, marii keenya kanaanis dhimmi eerame kun haga gaafa guyyaa 17/8/2006 tti hojjetamee akka goolabamu nu beeksiftanii turtan. Haatahu malee haga ammaatti waanti hojjetame tokkollee hin jiru.

Dhimma kanaan wal qabatee leecaallowwan hojiidhaaf bobbaafne hojii malee ta'aa waan jiraniif baasii dabalataaf kan saaxilamne yoo ta'u, akkasuams hojii keenyas bu'uura karooraatiin sirnaan raawwachuuf waan nu rakkiseef, leecalloowwaniifi meeshaalee hojiidhaaf saayitiitti bobbaasne deebisnee akka baafannuufi ammaan booda hojiiwwan waliigaltichaa hojjechuu waan dhabnuuf, dhimma caasaalee bo'ii xiqqaatiif kan itti hin gaafatamne tahuu isin beeksifna.

2. Reeshoo Gatii Tokkoo fi Dhiyeessii Boba'aa

Jalqaba irratti adeemsa waliigaltee keenyaa keessatti, gatiin tokkoo boba'aa gatii wayita waliigalteen kun mallatteeffamu gabaa Hagramaariyaam keessatti beekamaan fi fudhatama qabu akka tahu waliigallee turre. Haaluma sanada qoqqooddii gatii keenya keessatti gatii boba'aa liitira tokkoo qarshii 18.25 shallagnee waajjira keessaniif dhiyeessinee turre.

Haatahu malee mirkaneessa ibsa gatii keenyaa kana keessatti waajjirri saayitii pirojektii keessanii gatii boba'aa liitira tokkoo qarshii 19.7 tti shallagee jira.

Kanaaf, bu'uura waliigaltee keenya jalqabaatiin gatii boba'aa liitira tokkoo qarshii 18.25 tti akka nuuf shallagdan isin gaafanna,

Dabalataanis hojii pirojektichaa yeroodhaan goolabuudhaaf jecha meeshinoota waliigaltee pirojektichaa keessatti ibsamaniin olitti saayitii



የስቴዲየም ትራንስላሽን አገልግሎት
Daniel Tesus Wana
General Manager

irratti kann bobbaasne yoo tahu, kanumaan yeroo ammaa doozarii 1(D8R), Gireedarii 1914H), Loodariiwwan 2 (966H), Iskaavaatarii 1(Komatsu), Roolariiwwan Vaayibiraatoorii 2 (533C-CAT), Konkolaataa Bishaanii 2, Konkolaataawwan fe'umsa garagalchan 6, konkolaataa boba'aa 1 saayitii pirojektii irratti bobbaasnee jirra. Akkasumas guyyoota muraasa keessatti giraadarii dabalataa saayitii irratti akka bobbaasnu isin beeksifna.

Haatahu malee dhiyeessii boba'aa ga'aa fi walitti kan hin qabne waan ta'eef, hojii keenya akka itti fufnuuf kabajamaan waajjirri keessan dhimma kana ilaalchisee tarkaanfii barbaachisaa akka fudhatu isin gaafanna.

3. Gaaffiin Kaffaltii Keenya Duubatti Harkifachuu

Torban darbe, jechuun ji'a Bitootessaa 2006 gaaffii kaffaltii dhiyeeffannee turre. Haatahu malee haga ammaatti kaffaltiin nuuf hin raawwatamne.

Sababa kanarraan kan ka'e hojiin pirojektichaa danqamee jira. Wayita kaampaanii keessan waliin waliigaltee xiqqaa kana mallatteessine rakkkoo fi danqaan akkanaa nu mudata jennee hin yaanne ture. Haatahu malee waanti nu mudate waanta nuti gonkumaa hin eegne waan ta'eef, karooraan ala nu baasee jira.

Waan kana ta'eef, hojiin pirojektichaa sirnaan hojjetamee milkaa'inaan akka xumuramuuf, kaffaltii hin kaffalamin jiru akka nuuf kaffaltaniifi dhimma eerame ilaalchisee tarkaanfii barbaachisaan akka fudhatan isin beeksifna.

Nagaa Wajjin

Mallatteeffameera

Mohaammad Abdulgaanii (Dr)

Hoji Gaggeessaa Olaanaa

Waajjira Muummee Aldaafiraa

Chaappaa Qaba



የትራንስላሽን አገልግሎት
የትራንስላሽን አገልግሎት
Daniel / Yesus Wana
General Manager